IslamHouse.com



OROMO
OROMOO
أورومو

# سيرة الرسول ﷺ

## ٤٤٠ سؤال وجواب

# SEENAA NABIYYII ﷺ

## GAAFII 440 FI DEEBISAA

Qopheessaa
**Shekh Tamaam Qaasim**
Gulaala
**Shekh Jamaal Shekh Muhammad**

OROMO
OROMOO
أورومو

# سيرة الرسول ﷺ

## ٤٤٠ سؤال وجواب


تأليف

**الشيخ تمام قاسم**

ترجمة

**الداعية جمال محمد أحمد**

مركز أصول
Osoul Center
www.osoulcenter.com

أُعد هذا الكتاب وصمِّم من قبل مركز أصول، وجميع الصور المستخدمة في التصميم يملك المركز حقوقها، وإن مركز أصول يتيح لكل مسلم طباعة الكتاب ونشره بأي وسيلة، بشرط الالتزام بالإشارة إلى المصدر، وعدم التغيير في النص، وفي حالة الطباعة يوصي المركز بالالتزام بمعاييره في جودة الطباعة.

+966 504 442 532
+966 11 445 4900
+966 11 497 0126
P.O.BOX 29465 Riyadh 11457
osoul@rabwah.com
www.osoulcenter.com




Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim

# YAADAA GULAALAA

Kitaabni siiraa Rasuulaa jedhamu kuni irra filatamaa kitaabban waayee barnoota seenaa nabii ﷺ keessatti qopheeffame keessa isa tokko. Abbaan isa qopheesses sheekha tamaam qaasim carraaqa jabaa godhee afaan keenya afaan oromootiin hiikee akka ummanni keenya waayee barnoota seenaa nabiyyii isaa ﷺ murteessituu tana afaan isaatiin dubbisee hubatu godhe. Rabbiin irraa haajaalatu, jannataanis galata haa galchuuf. Nutis gulaallee maxxansaafii karaa interneetiinis raabsinee akka ummata keenya bira gayu goone. Rabbiin nurraa haaqeebalu. Dhumarratti ummata keenyaa hundaan keessaattu dargaggootaafii barattootaan kitaaba kana akka dubbistanii irraa barattan isinii dhaamsa dabarsina. Jaarraan jirru jaarraa beekkomsaa, saayinsiifii teeknoloojii waan taheef barnoota islaamaarratti akka jjajjabaattan isiniin jennaa. Barnootaafii ogummaa qabdaniinis diin keessan akka tajaajiltan isin yaadachiisna.

**Shekh Jamaal shekh Muhammad shekh Ahmad**
**shekhjamal@yahoo.com**
**Abu Saalih Almuhajiri**
**00966505697461**
**KSA Riyaadh**

# GALATA

الحمد لله رب العالمين الصلاة والسلام على رسول الله نبينا محمد وعلي آله وصحبه أجمعين.

Duraan dursee galanni koo Rabbii guddaa Dachii fi Samii uumeef haa ta'uu. Kan Muslima nu taasise, Akka ibidda irraa bitamnuuf Islaamummaa karaa nuuf godhe kanatti aansuudhan shek Ahmad Abdulaziz kan seenaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) afaan Arabaatin haala gaffi fi deebitin barressani nuuf qophessan Rabbin Jannataan galata isaani haa debi'u.

Kana irratti hunda'uudhan anille seenaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fi aanaa isaanii haala gaffi fi deebiitin kan afaan oromootti akka deebisuu na gargaare galanni Rabbiin haa gahuu jedha. Dabalataanis galannii Ayyoo fi Abboo kootif haa ta'u. Kan islaamummaa irratti na guddisan akkasumas firoottanii fi obbolewwan aakiraa hundaaf Rabbiin Jannatul Firdoowsin isaan haa gammachisu. Kan yeroo seenaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kana jijjiiruf: Yeroo, mallaqaa fi yaadan na bira dhaabbatan maqaa Rabbiitin galateeffadha.

# SEENSA

## Bu’aa seenaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) beekuu.

## Seenaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) beekuun bu’aa maali qaba?

Seenaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) beekuun bu’aa hedduu qaba. Rabbiin keenna seenaa warra asiin dura dabree hedduu isaani Qur’aana keesssatti nuuf himee jiraa. Seenaa warra dabree kana keessatti gorsatu jira jedhe Rabbiin ﷻ nama waa xiinxalluuf. Rabbiin suuraa Yuusuf aayata [111] keessatti” Seenaa warra darbee isiniif odeesinee jirraa, Akka qalbiin teessan iimaana irraattii gadi dhaabbatuf”. Kun bu’aa seenaan qabuudha. Kanaafu muslima irraatti seenaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) beekun dirqama. Rabbiin suuraa Mujaadalaa aayata [22] keessaatti akkana jedhe; “Hin gartu, nama Rabbiif guyyaa aakiraa dhugoomsan, ka jaalatan nama Rabbiif Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) jibbe ykn dide osoo abbootii isaaniille akkasuma ilmaan, oboleewwani fi aanaa isaanillee ta’ee.

Sahaabdonnillee akkana jedhan; “Akka Qur’aan barsiifannutti ilmaan teenna seenaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) barsiifanna” jedhan.

Rasuullis (Sallallaahu aleyhi wa sallam) akkkana jedhan; “Namni nama jaalatu waliin taha”. Kanaafu akka guyyaa boruu Rabbiin Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) waliin nutaasisuf seenaa isaa beekuu qabna. Seenaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kana beekuf kitaabni gaafif deebii kun, Baay’ee nama gargaara jedhee waan yaadef isiini dhiyeesse.

**G1: Abbaan Kadiijaa hintala Kuweylid yoom du’e?**

D1: Duula Harbul fijaar kessatti du’e.

**G2: Faaxumaan hintalli Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) umrii meeqatti heerumtee?**

D2: Ganna kudha saddetitti (18).

**G3: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ergaa ergamanii booda ijolle dhiiraa meeqa argatan?**

D3: Ijollee lama; Isaanis Ibraahimii fi Abdallahidha.

**G4: Jalqaba Namni salaamtaa Islaamummaa Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) irratti qara’e eenyu?**

D4: Abu-zarri Al-Gifaariyu.



**G5: Irraa caaltuun Jaarti Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tami?**

D5: Kadiijaa hintala kuweylid.

**G6: Kessumman Gosa saqiif yoom Rasuulatti (Sallallaahu aleyhi wa sallam) dhufte?**

D6: Baatii Ramadaana kessa Hijraa irraa ganna saglaffatti (9).

**G7: Masjiinni Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Kabajamaan yoom ijaarame?**

D7: Hijraa irraa ganna tokkoffaatti (1).

**G8: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ergamanii waggaa kurnaffatti maaltu argame?**

D8: Aamul Huzni (Bara gaddaati). Sababni isaas Abbeeraa fi Jaartiin isaani waan irraa du’aniif.

**G9: Haadha mu’umintootaa Safiyyaa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) yoom fuudhan?**

D9: Hijraa irraa ganna shanaffatti (5).

**G10: Bakka bu’aa muslimtootaa tan deette hintalli warra Haashim eenyu jedhamti?**

D10: Faaxumaa intala Asad, Bakka bu’aa sunis Aliyyi bin Abi-xaalib.

**G11: Kadijaan niitin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) yoom duute?**

D11: Baatii Ramadana Hijraa dura ganna sadaffaatti (3).

**G12: Maalif maqaan Abdallah ilmi Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kan qoosaa Xayyibii fi Xaahir jedhamee yaamame?**

D12: Waan eega Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ergamanii booda dhalateef.

**G13: Gaafa ijoollen Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Zeeynaba fi Ruqiyyaan dhalatan umriin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) meeqa?**

D13: Gaafa Zeeynaban dhalattu ganna soddoma, gaafa Ruqiyaan dhalattuu immoo ganna soddomi sadi.

**G14: Salaannii yoom dirqama godhamte?**

D14: Gaafa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Samii olbahan.

**G15: Hintalli Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan dura heerumte eenyuu?**

D15: Zeeynabaadha.

**G16: Haati mu'umintoota A'ishaan yoom duute?**

D16: Baati ramadaana keessa halkan kudha torbatti (17) hijraa irraa ganna shantamii saddetitti (58) duute.

**G17: Ijollee Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessaa dubbii fi bifaanillee tan isaa fakkaatu eenyu?**

D17: Faaxumaa.



**G18: Durri gosa yahuudaa tan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Madinaa keessaa baasan tami?**

D18: Yahuudaa banii qeeynuqa'a.

**G19: Maalif dhaame akaakayyuun Rasuulaa nabi Muhammadin akka guddisu Abu-Xaalibitti yeroo du'u?**

D19: Waan abbaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam)fi abuu Xaalib garaa tokko tahanif.

**G20: Umriin Hasani ilma Aliyyii gaafa du'u meeqa?**

D20: Ganna afurtamii torba (47).

**G21: Isin irra caalaa warra dachitii har'aan keessati Kan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) jedhaniin eynuu?**

D21: Warra hudeybiyya dhufan.

**G22: Bellama marsaa lammaffaa irraa Kan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) boodarra beellama godhe eennu du'arrat?**

D22: Jaabir ilma Abdallahiti.

**G23: Gaafa abbeeran isaa Abbaas islamaye Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) gammadanii maal dalagan?**

D23: Gabra isaa Kan Abuu Raafi'i jedhamu bilisoomsan.

**G24: Miqdaad ilmi Amrii, Hasan, Huseeni fi haadholee mu'umintootatiif maal dhame?**

D24: Hasanii fi Huseen walitti Dirhama kuma soddomii jaha (36) dhaamee. akkasuma haadholee mu'umintootatif kuma torba torba (7000) dhaameef.

**G25: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) hintala ofii Zeeynabaa ganna meeqa booda dhiirsa isii Abil-aas ilma Raabii'atitti deebise?**

D25: Gannajaha (6) booda.

**G26: Najjaashiin masaraaxa ykn eboo meeqa Rasuulaaf (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ergeef?**

D26: Masaraaxa ykn eboo sadi (3).

**G27: Eboo ykn masaraaxa Najjaashin erge Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) enyu fa'af kenne?**

D27: Tokko ofiif hanbifatee, kaawwan Aliyyi fi Umariif kenne.

**G28: Kadiijaan gaafa dutu umriin isii meeqa?**

D28: Ganna jahatamii shani (65).

**G29: Kadiijaa maqaan kabajaa isii eennuu?**

D29: Ummuu Hindi ykn Haadha Hindii jedhamti.



**G30: Gaafa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) du'uu umriin Abdalla ilma Abbaasi meeqa?**

D30: Ganna kudha sadii (13).

**G31: Namni Hamzaa waliin gaafa Lola Uhud awwaalame eennu?**

D31: Abdalla ilma jaahshiiti.

**G32: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Hasani fi Huseenin maal jedhani maqaa qoosaa Baasaniif?**

D32: Shabaaba lamaan jannataa jedhanin.

**G33: Firummaan jidduu Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fi Zubeeyri jirtuu maali?**

D33: Zubeeyrin ilma adaadaa Rasuulaati (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Haati isaa Safiyya hintala Abdul Muxxalib tantaate.

**G34: Lakkoofsi Arbaa kan Abrahaan Ka'abaa cabsuuf yaabbatee dhuf meeqa?**

D34: Arba kudha Sadii (13).

**G35: Osoo Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) hin ergamin dura namni afran diinii Nabiyyanaa Ibraahim barbaadaa turan eennu fa'aa?**

D35: 1ffaa Waraqaa binu Nowfil.

2ffaa Ubeeydulaahi binu jahshi.

3ffaa Usmaan ilma Huweyris.

4ffaa Zeyid ilma Amri.

**G36: Aanummaan jidduu Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fi Abbaa Salamaa ilma Abdul Asad jidduu jirtu maali?**

D36: Ilma adaadaa isaa Barraati akkasuumas harma haad-ha takkaa walitti hodhan.

**G37: Gaafa Hijraa bahan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) umrii meeqa?**

D37: Umrii shantamii Sadii (53).

**G38: Erga Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) du'anii Faaxumaan Isaan hangam turte duute?**

D38: Ji'a jaha (6).

**G39: Faaxumaan umrii meeqatti duute?**

D39: Ganna digdamii Sagal (29).

**G40: Hafsaan intalli Umarii yoom dhalatte?**

D40: Gaafa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Umrii soddomii shaniiti (35) akkasumas bara Qureeyshin Ka'abaa ijaarte.

**G41: Lolli cubbuu meeqa [harbul fijaar]?**

D41: Afuri; Isaanis



1ffaa- Gidduu gosa kinaana fi Hawaazinaatti kan argame.

2ffaa- Gidduu gosa Qureeyshi fi Kinanatti.

3ffaa- Gidduu kinaana fi Banii Nasrii ilma Mu'awiyattitti akkasuma

4ffaa- Lola gidduu Qureeyshi, Kinaana fi Hawaazinatti kan argameedha.

**G42: Lola kana irratti gaheen Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) maali?**

D42: Xiyyaa Abbeerota isaatif Qopheessu ture.

**G43: Maqaan kabajaa Zeeynabaa intala jaahshi een-nu?**

D43: Ummu Hakiim.

**G44: Duulli Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) baatii Ramadaanaa keessa duulan meeqa?**

D44: Lama (2) isaanis lola Badrii fi Fatih Makkaati.

**G45: Barri Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) dhalatan maalif Bara Arbaa jedhame?**

D45: Bara Abrahaan Arba yaabbatee ka'abaa diiguf dhufe, Rassuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) waan dhalataniif.

**G46: Hasan ilmi Aliyyii yoom dhalate?**

D46: Baatii sha'abaanaa hijraa irra ganna afraffaa keessa dhalate.

**G47: Zeeynabaa hintala jaahshi Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) yoom fuudhan?**

D47: Hijraa booda ganna Shanaffatti (5).

**G48: Osoo Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) hin fuudhiniin dura dalagaan Kadiijaa maal ture?**

D48: Daldaltu turte.

**G49: Aa'ishaan bara mootummaa ennuu duute?**

D49: Bara mootummaa Mu'aawiyaati.

**G50: Abuulahab gabrittii isaa Suweybaa maalif bilisoomse?**

D50: Waan isheen dhalachuu Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) itti himtee gammachifteef jecha.

**G51: Abddallahin abban Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) gaafa du'u umriin isaa meeqa?**

D51: Kudha Saddeeti (18).

**G52: Adaadaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Safiyyaan yoom duute?**

D52: Bara mootummaa Umar ilma Kaxxaab duute.



**G53: Adaadaawwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Kan islaamawan eennu fa'a?**

D53: Safiyya, Arwaa fi Aatikaa.

**G54: Adaadaawwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Kan hin islaamawin hoo eennu fa'a?**

D54: Ummu Hakiim, Barraa fi Umeeymadha.

**G55: Qaanqeen ykn nuurri narraa baatu, fooqii Shaamii kan ibsitu arge tan jette eenyu?**

D55: Aaminaa Intala Wahaab, haadha Nabiyyii (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan taate.

**G56: Hintalli Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan lammaffarratti dhalattef eennuu?**

D56: Ruqiyyaadha.

**G57: Duula Tabuuk keessa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) hangam turan?**

D57: Guyyaa Shantama (50) turan.

**G58: Usmaan binu Affaan intala Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ummu kulsuumin yoom fuudhe?**

D58: Hijraa irraa ganna lammffaatti (2).

**G59: Maqaawwan Madiinaa tarreessi?**

D59: Isaanis

1. Madiinatul Munawwaraa.
2. Yasriib.
3. Xeeybaa
4. Xaabaa.
5. Ardul Muhaajir.
6. Hasiinatu.
7. Madiinatu Rasuul (Sallallaahu aleyhi wa sallam).
8. Aakilaatul Quraa Walbuldaan.
9. Jaabiratu.
10. Al-mubaarakatu.
11. Al-baarratu.
12. Al-azraa'u.
13. Al-miskiinatu.
14. Madja'u Rasuuli.
15. Qariyatul Ansaari

**G60: Maqaawwan Makkaa tarreessi?**

D60: Jaha Isaanis

1. Makkatul Mukarramaa.
2. Bakkatu.
3. Ummul Quraa.
4. Albaladul Haraam.
5. Albeeytul Atiiq.
6. Alhaaximatu.




**G61: Osoo Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) hin dhalatin duraa namoonni maqaan isaani Muhammad jedhaman eenyu fa'a?**

D61:
- Muhaammad ilma Uheeyhaa ilma Jalaah Kan gosni isaa Awsii irraa ta'e.
- Muhaammad ilma Suufiyaan ilma Majaashi'i.
- Muhaammad ilma Hamraan Kan gosni Ju'uufi irraa ta'e.
- Muhaammad ilma Maslamaa Kan gosni isaa Ansaara ta'e.
- Muhaammad ilma Kuzaa'ii Kan gosni Salamiyyi ta'e.
- Muhaammad ilma Baraa'ii Kan gosni Bakriyyi ta'e.

**G62: Niitiin Abbeeraa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) qoree karaa irratti guuruun Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) rakkisaa turte eenyu?**

D62: Ummu Jamiil Arwaa intala Harbii ykn Niitii Abuu lahab.

**G63: Niitiiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kessaa tan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) sadaqaa baay'ifti jedheen eenyu?**

D63: Zeeynabaa hintala Jahshiiti.

**G64: Aayyoon mu'umintootaa Zeeynabaan hintali Jahshii yoom duute?**

D64: Hijraa irraa ganna Digdamatti (20).

**G65: Zeeynabaan hintalli Jahshii gaafa duutu umrii meeqa?**

D65: Ganna Shantamii Sadi (53).

**G66: Aayyoon Mu'umintootaa Zeeynabaan hintalli Kuzeeymaa, Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) wajjiin hammam jiraatte?**

D66: Ji'a Saddeet (8).

**G67: Jaartwan isaa keessaa tan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) akka laffisoon nyaata caalutti dubartirraa caaltuudha jedhaniin eennu?**

D67: Aa'ishaadha.

**G68: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Aayyoo mu'umintootaa Soowdaa hintala Zama'a yoom fuudhan?**

D68: Ergamanii ganna kurnaffaa (10) du'a Kadiijaa booda Ramadaana keessa fuudhan.

**G69: Hintalli Zeeynabaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) deette, Tan Aliyyi fudhe eennu?**

D69: Umaamaa hintala Aabil-Aas ilma Rabii'aat.

**G70: Ilmaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) lamaan Kan baatii ramadaana keessa du'an eenyu fa'a.**



D70: Ruqiyyaa fi Faaxumaa dha.

**G71: Umriin Aa'ishaa gaafa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fuudhu meeqa?**

D71: Ganna Sagal (9).

**G72: Jaartin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Soowdan intalli Zam'aa yoom duute?**

D72: Ganna shantami afuritti (54), baati shawaal, yeroo mootummaa Mu'aawiyaa keessa.

**G73: Janaazaa Hafsaa niitii Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) irratti imaama ta'ee kan salaachise eenyu?**

D73: Bulchaa Madiinaa, Marwaan binu Hakam.

**G74: Hintaal [Ilmoon] Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan osoo hin dahin ykn hin dhaliin duute eenyu?**

D74: Ummu Kulsuum.

**G75: Umriin Aayyoo mu'umintootaa, Hafsaa intala Umar yeroo duutu meeqa?**

D75: Ganna jahatama (60).

**G76: Gaafa duula Badrii Hamzaan Abbeeran Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) seeyfii meeqaan lole?**

D76: Seeyfii lamaan lole.

**G77: Niitiin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Ibraahimiin alatti ilmaan hundaa tan desse tami?**

D77: Kadiijaa intala Kuweeylid.

**G78: Hijraan dura maqaan Madiinaa eenyu ture?**

D78: Yasribaa.

**G79: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eega Madiinaa dhaqee bara kam keessa hajje?**

D79: Hijraa irraa ganna kurnaffaatti (10), Isiinis Hajjatul wadaa'I jedhamti.

**G80: Dubartoota keessa lammaffaarratti tan islaamofte eennu?**

D80: Ummul Fadli (Jaarti Abbaas ilma Abdulmuxxalib) tan taate.

**G81: Namni Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) iccitii itti dhoyfatu eenyu?**

D81: Huzeeyfaa ilma Yamaan.

**G82: Hintalli Zeeynaban Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) deette kan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) yeroo salaatan baadhatan eenyu?**




D82: Umaamaa hintala Abul Aasii ilma Rabii'i.

**G83: Ganna meeqa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) dhoksan Nama Karaa Rabbii irratti waamaa ture?**

D83: Ganna sadi (3).

**G84: Manni Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Madiina keessatti meeqa?**

D84: Mana sagal (9).

**G85: Gaafa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) lubbuun jiran Masjiida meeqatu Madiinaa keessa jira?**

D85: Masjiida isaa waliin kudhani (10)

**G86: Adaadaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Safiyyaan intalli Abdulmuxxalib eessatti awwalamte?**

D86: Madiina bakka Baqi'i jedhamutti.

**G87: Waardiyyaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eenyu fa'a, Hanga gaafa Rabbiin (Sallallaahu aleyhi wa sallam) anatuu sii eega jedheenitti?**

D87:
1. Sa'aad ilma Mu'aaz.
2. Muhaammad ilma Maslama.
3. Zubeeyri ilma Awwaam.

4. Ubbaad ilma Bishri.
5. Abi Ayyuubil' Ansaari.
6. Zakwaan ilma Abdallahi.
7. Sa'aad ilma Abi waqqaas

**G88: Maali maqaan yaabbii gaafa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Samii olbahe yaabbate?**

D88: Buraaqi.

**G89: Bara Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Lbbuun jiru keessa hangafa munaafiqaa kan ta'e eenyu?**

D89: Abdallah ilma ubeyyi ilma Saluul.

**G90: Guddiftuun Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Ummu Eeyman yoom duute?**

G90: Erga Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) du'an booda ji'a Shan (5) turte duute.

**G91: Zeeynabaan intalli Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) gara Madiinaa yoom godaante?**

D91: Hijraa irraa ganna lammaffaatti (2).

**G92: Ilmi Abbeera Kadiijaa kan gaafa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ergame Kadijaan bira geessite eenyu?**

D92: Waraqaa ilma Nowfil.




**G93: Boojuu Banii Qureeyzaa keessaa hintalli Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) lubbu isaatif filate tami?**

D93: Rihaanaa hintala Zeyid.

**G94: Gaafa kam Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ani Nabiyyiidha hin kijibu, ani ilma Abdulmuxxalibi jedhee dhaadate?**

D94: Gaafa duula Huneeyniiti.

**G95: Jaartin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) hedduu soomuu fi hedduu halkan dhabbatte salaatun tan beekkamtu tami?**

D95: Hafsaa intala Umari ilma kaxxaabi.

**G96: Aayanni qur'aana erga Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) du'e booda buute tami?**

D96: Hinjirtu (wahyiin ni dhaabbatte).

**G97: Gurbaan warra ibiddaa Kan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) qamisa isaaniitiin kafananii irratti salaatan eenyu?**

D97: Abdallah ilma Ubeyyi ilma Saluul (mataa munaafiqaa kan ta'e).

**G98: Hintalli Rabbiin Rasuulaaf (Sallallaahu aleyhi wa sallam) nikaaya hidhe tami?**

D98: Zeeynabaa hintala Jahshi.

**G99: Jaarti Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessa tan hin deenne tami?**

D99: Aa'isha hintala Abbaa Bakriiti.

**G100: Sahaabtichi ijaan Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) hin argin eenyu?**

D100: Abdallah ilma ummi Maktum Kan ballaa ture.

**G101: Dhiirarra guutun hedduudha, dhalaan nama afur malee guutuu hin tane?Isaan sun eenyu?**

D101: 1. Mariyam hintala Imraan
2. Aasiya hintala Muzaahim
3. Kadiijaa hintala Kuweylid
4. Faaxuma hintala Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam)

**G102: Niitiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessaa tan gosaa fi aanummaadhan isatti hin deebine ishee temi?**

D102: Safiyya hintala Huyeyyi ilma Akxab isheen aanummaadhan Nabiyyana Haarunitti deebiti.

**G103: Aanummaan gidduu Kadiija fi Zubeeyri ilma Awwaam jirtu maali?**

D103: Ilma obboleessa isheeti (adaadaa).




**G104: Jaartin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan bilisummaa warra isheetif sababa taate tami?**

D104: juweyriyya hintala haaris.

**G105: Hintalli Faaxumaan, Gaafa duutu Aliyyi akka fuudhu dhaamtef tami?**

D105: Hintala obboleettiin ishee Zeeynabaan deette, Umaamaa tan jedhamtu.

**G106: Usmaan intala Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Ummu kulsumi fi Ruqiyyaa keessaa tam dura fuudhe?**

D106: Ruqiyyaa dha.

**G107: Hintalli Rasuulaan (Sallallaahu aleyhi wa sallam) akaakayyu jettu tan dura dhalatte eenyu?**

D107: Umaamaa hintala Abil-aas ilma Rabii'a tantaate.

**G108: Jaartiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eessatti awwalamaan?**

D108: Baqii'itti awwalaman, Kadiijaa fi Meymunaa malee

**G109: Abbeeraan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Kan gaafa ka'abaa ijaaran dhagaa wajjin guure eennu?**

D109: Abbaas ilma Abdulmuxxalibi.

**G110: Ibraahim ilmi Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) yoom dhalate?**

D110: Baati zil-hijjaa hijraarraa ganna saddeettaffatti (8) dhalate.

**G111: Akka isiin Ibraahimin hoosiftuuf Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan file eennu?**

D111: Kowla intala munzir.

**G112: Maqaan kabajaa Kan Abu-lahaab eennu?**

D112: Abuu-Utbaa.

**G113: Maqaan guutun hosiftu rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Halimatul Sa'adiyya enyu?**

D113: Haliima intala Haaris.

**G114: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) gaafa Qubaa'in dhufan eenyu bira qubatan?**

D114: Kulsum ilma Hadmi, Manguddoo Banii amrii ilma Oowfi kan ta'e.

**G115: Sababbiin Abbeeran Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Abdul-Uzzaan Abi-lahab jedhameef maali?**

D115: Sababa Ifnana fuula isaatif.

**G116: Bifti ansoolaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan gaafa halkan Hijraa Aliyyitti uffisan maal fakkaatti?**




D116: Magariisa.

**G117: Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fi Abbaan bakri guyyaa kam fa'a goda Sowri keessa turan?**

D117: 1. Halkan jum'aa.
2. Halkan sanbataa.
3. Halkan dilbataa.

**G118: Gaafa Aa'isha fuudhan umriin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) meeqa?**

D118: Ganna shantami afuur (54).

**G119: Nabiyyootarra kan haala fi bifanis Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fakkaatu eenyu?**

D119: Nabi Ibraahim (AS).

**G120: Maqaan dubartoota Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) argatanii eenyu fa'a?**

D120: 1. Zeeynabaa
2. Ruqiyyaa
3. Ummu kulsum
4. Faaxuma

**G121: Abuu Xaalib Abbeeran Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) gaafa du'an umriin meeqa?**

D121: Naanno waggaa sagaltamaati (90).

**G122: Barri Aa'ishaan zinaa dalagdee jedhanii kijiba irra kaayan bara kami?**

D122: Hijraa irraa ganna jahaffatti (6).

**G123: Ijollee Rasuulaa ummu kulsuumi fi Ibraahim keessa kamtuu dura du'e?**

D123: Ummu kulsum Hijrarraa ganna saglaffaatti (9), Ibraahim ganna (10) tti du'an.

**G124: Sowdaan intalli Zam'aa Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) dura eenyutti heerumte?**

D124: Sakraan ilma Amrii (warra habashaatti duraa godaane keessa tokko).

**G125: Aanummaan Meymunaa intala Haarisii fi niiti AbbaasUmmu Fadliin jiddu jiru maali?**

D125: Obboleeyyan.

**G126: Ijoollen Hasanii ilma Aliyyi eenyu fa'a?**

D126: Faaxuma, Isma'il, Yaquub, Muhaammad, Huseen, Abdurahmaan, Amri, Abdallaahi, Abubakri, Qaasim, Hasani fi Zeeydi.

**D127: Ilmaan Ummu Kulsuumi hintala Aliyyi ilma Abixaalib eenyu fa'a?**




D127: Ilma hin deenne.

**G128: Bakkii dhooksaan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Makka keessatti itti nama waamaa turan eessa?**

D128: Daarul Arqam binu abil Arqam.

**G129: Durri Nama qur'aana qara'ee Rasuula booda eenyu?**

D129: Kadiijaa intala Kuweylid.

**G130: Obbolleyyan Kadiijaa eenyu fa'a?**

D130: Haalaa, Awwaami fi Amri.

**G131: Usmaan ilma Affaan yeroo Islaamummaa qabatu umriin isaa meeqa ture?**

D131: Ganna soddomii afur (34).

**G132: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Makkaan cabsuuf Madiinaa irraa yoom bahan?**

D132: Asrii booda, ji'a kurnaffa, baatii Ramadaanaa, Ganna saddettaffa hijraa irra.

**G133: Safiyyaa fi Ummu Hakiim keessa tan garaa Hamzaa tami?**

D133: Safiyyaadha.

**G134: Du'aa'iin Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa**

**sallam) yeroo gara fatih Makkaa deeman kadhatan maali?**

D134: Yaa Rabbi Ijaa fi gurra isaanii nurraa qabi, akka nu hin arginee fi hin dhageenne eega nuti isaan rifachiifne malee.

**G135: Guddaan munaafiqaa Abdallaahi ilma Ubayyii ilma saluul yoom du'e?**

D135: Baatii Zilqi'idaa keessa hijraa irraa ganna saglaffatti (9)

**G136: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) umraa godhuuf yeroo duratiif Madiinaa irraa yoom bahe?**

D136: Guyyaa Wiixataa, baatii Zilqi'idaa hijraa irraa ganna jahaffatti (6).

**G137: Zeeyd ilma Saabiit Afaan yahuuda ajaja Rasuulatin (Sallallaahu aleyhi wa sallam) yoom barate?**

D137: Hijraa irraa ganna afraffatti (4).

**G138: Aanummaan Ayyoo mu'umintootaa ummu Salamaa fi Summayyaa intala kiyaaxii wareegamtuu jalqabaa tan taate, jidduu jiru maali?**

D138: Sumayyaan haadha ummu salamaati.

**G139: Duula kam keessatti dubartiin Kan dhiiraan wajjiin lolte?**

D139: Duula Uhuud.

**G140: Namni Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fuula kee narraa fageessuu dandessaa jedheen eenyu?**

D140: Sahaabticha Hamzaa ajjeesse, Waashiyyii ilma Harbiiti.

**G141: Gurbaan mushrikaa, Duula badrii booda Kan Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eegee ajjesuu barbaaade eenyu?**

D141: Umeeyri ilma Wahaab (booda garuu islamawee jira).

**G142: Soddaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kan gaafa lola Badrii booji'ame eenyu?**

D142: Abul Aasi ilma Abba Rabii'aa jarsa Zeeynabaa intala Rasuulaati (Sallallaahu aleyhi wa sallam.)

**G143: Meeymunaa intala Haaris gaafa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) isii fuudhu umriin isii meeqa?**

D143: Ganna digdamii jaha (26).

**G144: Abbeeran Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kan gaafa lola Badrii booji'ame eenyu?**

D144: Abbaas ilma Abdulmuxxalib.

**G145: Durri cittuu waraanaa tan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) erge waraana eenyuti?**

D145: Waraana Ubeeydaa ilma Haaris.

**G146: Aanummaan jidduu ummu fadli niitii Abbaasi fi Kaalid ilma Waliid jidduu jirtu maali?**

D146: Haboo (adaadaa) isaati.

**G147: Maqaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Keessaa tokko Maqfii jedhama. Hiikkaan isaa hoo maali?**

D147: Booddee Nabiyyootaa jechuudha.

**G148: Mallattoon beeksisaa (wahyiin) jalqaba Rasuulatti (Sallallaahu aleyhi wa sallam) dhuftee maali?**

D148: Argaa abjuu (manaaba) gaggaariiti.

**G149: Maqaa Duula Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessaa kudhan dubbadhu?**

D149: 1. Duula Badrii.
2. Duula Uhud.
3. Duula Ahzaab.
4. Duula Huneeyni.
5. Duula Keybara.
6. Duula Fathii Makkaa.
7. Duula Banii Qureeyzaa.
8. Duula Banii Qeeynuqaa'a.
9. Duula Banii Nadiir.
10. Duula Zaatul-riqaa'I (duula sahiba carqii).



**D150: Hijraa iraa ganni lammafaan maal jedhamti?**

D150: Bara hayyamaa jedhamti (achi keessa Rabbiin mu'umintootaaf lola hayyame)

**D151: Usaamaan ilma Zeeydii (jaalalle ilma jaalallee Rasuulaa) (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kan ta'e bara kam du'e?**

G151: Hijraa irraa ganna shantamii afuritti (54)

**G152: Namni ollaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fi Abbaa Bakriitti awwaalame eenyu?**

D152: Umar ilma kaxxaab.

**G153: Namoonni Safiyyaa hintala Abdulmuxxalib fuudhan eenyu fa'a?**

D153: Kan duraa; haaris ilma harbii ti (inni irraa du'e) kan boodaa, awwaam ilma kuweeylid (obboleessa Kadiijaa ti).

**G154: Sahabtichi ijji lamaan keessaa yaate Rasuulli deebiseef enyu?**

D154: Qataadaa ilma Nu'umaan.

**G155: Nitiin lamaan hinaaffa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) irratti wal gargaaran eennu fa'a?**

D155: Aa'ishaa fi Hafsaa dha

**G156: Nabii Muhammada (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ergamuu jinniin maalin beekte?**

D156: Qaanqee yeroo jinnoonni oduu hatuuf gara samii ol bahan, gubdu irraa beekan.

**G157: Gaafa lola Uhuud namni Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) baatee dhagaa irratti oliin bahe, eenyu?**

D157: Xalahaa ilma Ubeeydullaah.

**G158: Nabii Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) waa lamaaf si jaaladha; firummaadhaafii waan abbeeraan kiyya si jaalatuuf si jaaladha, jedhaniin eennu?**

D158: Aqiil ilma abbaa Xaalib.

**G159: Namni Nabi Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) yaarabbii ani nama kana ni jaaladhaa atilleen jaaladhu jedheen eennu?**

D159: Hasanii ilma Aliyyii ti.

**G160: Namni Nabi Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) salaatul gaa'ib irratti salaate eennu?**

D160: Mootii Habashaa; Najjaashii dha.

**G161: Intalli Nabi Muhaammadiin (Sallallaahu aleyhi wa sallam) "sheeyxaanni dubbii sitti fidu sirraa citeemii" Jettee arrabsite eenyu?**





D161: Ummu jamiil, Niitii Abbaa lahab.

**G162: Rabbiin maqaa Nabi Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) akkamatti ol fuudhe?**

D162: Azaana keessatti maqaan Rabbii fi Kan Nabi Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) waliin dubbatamuudhan.

**G163: Abul Masaakiin jedhamee Kan beekkamu eenyu?**

D163: Jaafar ilma Abbaa Xaalib.

**G164: Manni Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) halkan irraa ka'ee gara beeytal maqdasi fi sama'ii deeme mana eenyuti?**

D164: Mana Ummu Haanii.

**G165: Haati Ibraahim niitiin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Maariyatul Qibxiyyaan yoom duute?**

D165: Hijraarraa ganna kudha jahaffaa (16).

**G166: Namni Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ati obboleessa kiyya, kan duniyaa fi aakiraati jedheen eenyu?**

D166: Aliyyii ilma Abii Xaalib.

**G167: Niitiiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessa tan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa**

**sallam) yeroo mana isii jiru malee wahyiin narratti hin bu'u jedhe eenyu?**

D167: Aa'ishaadha.

**G168: Eessumni Rasuulaa, Ka Rasuulli kun eessuma kiyya Namin Eessuma Qabu Nahagarsisu sahabotaan jedhan eenyuuni?**

D168: Sa'aad ilma Abbaa Waqqaas.

**G169: Islamumma kessatti namni lubbuu yeroo jalqabaaf fure eenyu?**

D169: Aliyyii ilma Abbaa Xaalib

**G170: Guyyaa duula Uhuud, namni farda yaabbatee seeyfii Rasuulaa tiin (Sallallaahu aleyhi wa sallam) lole eenyu?**

D170: Abuu Dujaanaa.

**G171: Gaafa kuffaarri Qureeyshii Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) irratti mari'atte yaada eennuuttu fudhatamee?**

D171: Yaada Abuu Jahli.

**G172: Hasan ilmi Aliyyii yoom dhalate?Akksumas yoom jjeefame?**

D172: Kan dhalate Ramadaana keessa, hijraa irraa ganna Sadaffaa (3) Kan ajjeefame hijraa irraa ganna shantammaffaadha (50).



**G173: Sahaabtichi Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) maqaa qoosa qaari'ee jedheen akkasumas Kan imaama masjiida Qubaa'ii isa godhe eenyu?**

D173: Sa'aad ilma Ubeeydi, Kan gosaan Ansaara ta'e.

**G174: Yaabbataa Arabaa jedhamee Kan beekkamu eenyu?**

D174: Amri ilma Ma'adiiKaribaa.

**G175: Gabrichi Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Kan ganda (warra) saaraa irraa ta'e hijraa irraa ganna shantami afraffaatti (54) kan du'e eenyu?**

D175: Sallallaahu aleyhi wa sallamubaan Kan hadiisa dhibba tokkoo fi digdamii saddeet (128) odeesse.

**G176: Sahabaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Kan beellama Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) barressuu eenyu?**

D176: Aliyyii ilma Abbaa Xaalibii.

**G177: Namni Eela Zamzamaa Bara 540 dhaloota Iissaa irraa eega isiin cufatte booda bane eenyu?**

D177: Abdul Muxxalib akaakoo Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Kan ta'e.

**G178: Niitiin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Madiinatti yeroo jalqabatiif wajjiin jiraatan tami?**

D178: Sowdaa intala Zama'aati.

**G179: Niitiin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) wajjiin gaara (Haranfama) Abii Xaalib dhayixe (galtee) tami?**

D179: Kadiijaa hintala Kuweeylid.

**G180: Niitiiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessa caaltuu warra jannataa tan taate tami?**

D180: Kadiijaa intala Kuweeylid.

**G181: Intalli Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) yeroo lammataatif argatan tami?**

D181: Ruqiyyaa.

**G182: Niitii Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kessaa qulqulluu (baraa'aa) tan jedhamte tami?**

D182: Aa'ishaa intala Abba Bakriiti.

**G183: Adaadaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) hintala ishee fuudhan tan osoo hin islaamawin duute tami?**



D183: Umeeymaa hintala Abdulmuxxalib haadha Zeeynabaa niitii Rasuulaati (Sallallaahu aleyhi wa sallam).

**G184: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) halkan tokko keessati raka'aa meeqa salaata?**

D184: Kudha tokko (11).

**G185: Eessumman Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessaa Kan banii Zuuraa irraa ta'an Kurnan (10) warra jaannataa keessaa eennu fa'a?**

D185: Sa'aad ilmaa abbaa Waqqaasifi Abdurahmaan ilma Owfiiti.

**G186: Ilmi adaadaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Kan kurnan warra jannataa irraa ta'e eennu?**

D186: Zubeeyri ilma Awwaam, Kan haati isaa safiyaa intala Abdulmuxxalib taate.

**G187: Aayyoon mu'umintootaa, tan jaarsi isii Qur'aana keessatti dubbatame tami?**

D187: Zeeynabaa intala Jahshiti.

**G188: Hadiisa kana jara torbantuu odeesse jechuun, Hiikkan isaa maali?**

D188: Muslim, Bukhaari, Abudawud, Tirmiizi, Nasa'ii, Ibnu Maajaa fi Ahmadituu odesse jechudha.

**G189: Suuran Maqaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kessatti dubbatame ibsi?**

D189: Al-imraan, aayata 144, Suuraa Muhaammad aayata 2ffaa akkasumas Suuratul Fatihi aayata 29, Suuratul Saffi aayata 6ffaa.

**G190: Niitiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessaa kan barsiisaa turan eennu fa'a?**

D190: Aa'ishaa hintala Abuubakri siddiq, HAfsaa intala Umarii fi Ummu salamaa dha.

**G191: Gaafa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Hijraa bahan akka karaa itti agarsisuuf kan mindeeffatan eennu?**

D191: Abdallaa ilma Ureyqix (gurbaa karaa beekun beekkamaa ta'e).

**G192: Ijolleen Abbeeraa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan gaafa lola Badrii booji'aman lamaan eenyuu?**

D192: Aqiil ilma Abuuxalibii fi Haaris ilma Noowfil.

**G193: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fuudha Hafsaa fi Zeeynabaa intala Kuzeeymaa jiddu guyya hangamtu jira?**

D193: Guyaa digdama (20).



**G194: Ilmi Abbeeraa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kan intala (micayyoo) Rasuulaa fuudhe eenyuu?**

D194: Aliyyii ilma Abuuxalib.

**G195: Intalli Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan bakka bu'aa mu'umintootaa deette eenyuu?**

D195: Faaxumaa dha, Ilmi isiitiss Hasan bakka bu'aa muslimaa ka ta'e.

**G196: Gaafa duula Uhudii nittiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan Rasuula waalin deemte eenyu?**

D196: Sowda intala Zam'aa fi Aa'ishaadha.

**G197: Umriin abbeeraa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Abbaas gaafa du'u hangami?**

D197: Umrii Saddeettamii saddeeti. Hijraa irraa ganna soddomi lamatti du'e.

**G198: Niitiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessaa tan Aa'ishaan akkaan jaalattu tami?**

D198: Soowdaa intala Zam'aati.

**G199: Hiikkan Muttafaqun Aleeyhi maali?**

D199: Bukaari fi Muslimtu sahiihuma hadiisa kanaratti waligale odesse jechuudha.

**G200: Gabrittiin Aa'ishaa eennu?**

D200: Bariira dha.

**G201: Intalli warraa mootii irraa dhalatte, akkasuma tan mootitti heerumte eennu isheen?**

D201: Ummu Kulsuum, hintala Aliyyiti kan jarsi isii Umar ilma Kaxxabi ta'e.

**G202: Akakayyuun Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Abdulmuxxalib maqaan isaa eenyu?**

D202: Sheeyba dhaa.

**G203: Cufti niitiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) gosa Qureeyshiiti Deebtii lama malee isiinis eennu fa'a?**

D203: Juweeyriyyaa intala Haarisii fi Safiyyaa intala Huyeeyiti.

**G204: Umriin Aliyyi ilma Abbaa Xaalib gafa du'u meeqa?**

D204: Ganna jahaatamii sadii (63).

**G205: Niitiin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan jaarsi ishee Habashatti nasaaraa ta'e eennu?**




D205: Ummu Habiibaa; Ramlaa intala Abbaa Suufiyaani.

**G206: Tan Aa'ishaan gaafa duutu nutuu bilisoomse akkasumas sanyii tenna jetteen eennu?**

D206: Aayyoo mu'umintootaa Meeymunaa intala Haarisi.

**G207: Niitiiin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan osoo isaan jiran Madiinatti duute tami?**

D207: Zeeynabaa intala Kuzeeymaati.

**G208: Gabrichi Kadiijaa Kan Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) waliin daldalaa ture kami?**

D208: Meeysaraa dha.

**G209: Abbeeraa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessaa kan hajjaajota obaasudhaan beekkame kami?**

D209: Abbaas ilma Abdulmuxxalib.

**G210: Haadha Hafsaa intala Umarii maqaan ishee eennu?**

D210: Zeeynabaa intala Maz'uun.

**G211: Niitiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) lamaan tan maqaan isaani barraa ture; tan rasuulli maqaa irraa jijjiiran eenyu fa'a?**

D211: Zeeynabaa intala Jahshi fi Meeymunaa intala Haaris.

**G212: Boodden ijoolle Faaxumaa hintala Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eennu?**

D212: Ummu Kulsuum.

**G213: Intalli Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eyyama abbaa fi ragaa malee (tan Rabbiin nikaha hidheef) fuudhan tami?**

D213: Zeeynabaa intala Jaahshiiti.

**G214: Niitiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kessaa Kan maqaan isaanii moggoo ykn maqaa wal fakkaatu ta'an tam fa'a?**

D214: Zeeynabaa intala Jahishi fi Zeeynabaa intala Kuzeeymaati.

**G215: Niitiwwaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kessaa tan abban isaani kurnan warraa jannataa irraa ta'e eennu fa'a?**

D215: Aa'ishaa intala Abbaa Bakriiti fi Hafsaa intala Umari.

**G216: Intalli Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) halkan sadi manaabaan arganii ajaja Rabbiitin fuudhan tami?**

D216: Aa'ishaa intala Abbaa Bakriiti.

**G217: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) niitiwwan meeqa biraa du'e?**



D217: Sagal (9).

**G218: Maqaan kabajaa Anas ilma Maalik kan tajajilaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ta'e eennu?**

D218: Abbaa Hamzaati.

**G219: Magaalaan dhukubni Xaa'uun (koleeraa) hin sennetami?**

D219: Madiinatul Munawwara.

**G220: Mallattoon Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Aa'ishaan aaruu fi aaruu dhabuu ishee ittiin beeku maali?**

D220: Yoo itti hin aarin Raabbii Muhaammad jettee kakatti, yoo itti aarte immo Rabbii Ibraahim jettee kakatti.

**G221: Masjiinni Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Jum'aa yeroo duraatif Madiinaa keessatti itti salaate kami?**

D221: Masjiida banii Saalim ilma Oowfiti, Ammalle Masjiida jum'aa jedhamee yaamama.

**G222: Umaamaan intalli Abul'asii eennuu?**

D222: Mucattii Zeeynabaa Rasuula Rabbiiti (Sallallaahu aleyhi wa sallam).

**G223: Dowlaan Abbaasiyyaa maalif maqaa kanaan moggaafamte?**

D223: Gara Abbaasii ilma Abdul Muxxalibitti waan irkifamteefi.

**G224: Leenci Rabbii Kan injifataa ta'e eennu?**

D224: Aliyyi ilma Abba Xaalibi.

**G225: Maleeykaan Rasuulatti (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ergaa fidu kami?**

D225: Jibriil.

**G226: Qabriin Hamzaa ilma Abdulmuxxalib eessatti argamti?**

D226: Laga Aqiiq jedhamu Gaara Uuhudii jalatti argamti.

**G227: Namni guyyaa qiyaama Alaabaa faaruu baatu eennu?**

D227: Nabi Muhaammadi (Sallallaahu aleyhi wa sallam).

**G228: Osoo Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) lubbuun jiru namoonni Nabiyyumma Himatan eenuu fa'a?**

D228: Museeylamatul Kazzaabi fi Aswadul Ansiyyi.

**G229: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) yeroo kam I'itikaafa taa'a?**

D229: Baatii Ramadaanaa kurnan boodaati.



**G230: Baniin Haashim Haranfama (gaara) keessaa yoom bahan?**

D230: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ergamanii ganna kurnaffatti (10).

**G231: Godaansi (Hijraan) muslimtootaa Ganna kam eegale?**

D231: Rasuulli ergamee ganna afraffa (4).

**G232: Masjiidni Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) akka bal'ifamuuf Usmaan yoom ajaje?**

D232: Hijraa irra waggaa digdamii sagalatti (29)

**G233: Namni kitaaba Jaami'ul Usuuli fi'ahaadiisi Rasuul kan barreesse eennu?**

D233: Ibnul Asiir.

**G234: Durrii nama ergamuu Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) dhugoomse eenyu fa'a?**

D234: Dubartirraa: Kadiijaa intala Kuweylid.

- Bilisomfamaarra: Zeeyd ilma Haaris.
- Manguddoorra: Abbaa Bakrii.
- Ijoollerra Aliyyii: ilma Abixaalb.
- Gabrarraa: Bilaal ilma Rabaha.

**G235: Abbeeraan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Kan hoosisaa Eennu?**

D235: Abu Barqaan.

**G236: Kubbaayyan Naanniga Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) irra jiruu meeqa?**

D236: Urjii samiitirraa hedduudha.

**G237: Irraa heddun kadhaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) maali?**

D237: Yaa Muqallibal quluub sabbit qalbii alaa Diinika. Yaa garagaggalchaa qalbiiwwanii, qalbii Koo diinii irratti gadi dhaabi jechuudha.)

**G238: Namni hidhii Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) dhiigse akkasumas ilkaan isaani cabse eennu?**

D238: Utbaa ilma Abba Waqaasi obboleessa Sa'aadi.

**G239: Yoo ajajni lama wal bira dhufte Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tam keessaa filata?**

D239: Irraa laaftu ajajaa filata.

**G240: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) foon Re'ee keessa eessa jaalatu?**

D240: Dhundhummee.

**G241: Faaxumaawwan yoo jedhan eennu fa'a baanan?**

D241: Faaxumatul Zahraa.

- Faaxumaa intala Asad niitii Abii Xaalib.
- Faaxumaa intala Hamzaa.





**G242: Maqaan Umraa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fi Muslimtoonni waliin dhaabbatan maali Jedhama?**

D242: Umratul Qadaa'a (Umraa kaffaltiti).

**G243: Laakkofsi Muslimtootaa Kan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) obbolewwan walitti godhanii hangami?**

D243: Nama sagaltama (90) Muhaajiraa fi Ansaara irraa.

**G244: Imaamni Anbiyootaa Kan gaafa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Samii olbahanii eenu?**

D244: Caalaa Kenya Nabii Mohammadi (Sallallaahu aleyhi wa sallam)

**G245: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Warra Makkaa Da'waa itti geessuf eessatti walitti qaban?**

D245: Gaara Safaa jalatti.

**G246: Beeladni Rasuulatti (Sallallaahu aleyhi wa sallam) miidhaa ishee himatte tami?**

D246: Gaala.

**G247: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Gama eenyutti ergame?**

D247: Ilma namaati fi Jinniiti ergame.

**G248: Dhaloota Nabii Iissaa irraa bara hangam turee ergame Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam)?**

D248: Ganna dhibba jahaaf kudhan (610).

**G249: Kolfi Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) maali?**

D249: Seequudha.

**G250: Gosti Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kessatti harma hodhe gosa tami?**

D250: Gosa banii Sa'aad.

**G251: Wanti Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) yoo kennaniif hin dinne maali?**

D251: Shittoodha.

**G252: Warra Xaa'if jalaa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) garamitti baqate?**

D252: Ooyruu ilmaan Rabi'aatti baqate.

**G253: Duulli Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) nama isii dhaqe Rabbiin ararameef jedhe tami?**

D253: Duula Badriiti.

**G254: Yeroo meeqa Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) banii Haashimiif nyaata dalaganii (affeernii) gara islaamummaatti isaan yaaman?**



D254: Yeroo lama (2)

**G255: Wanti tokko Kan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) waan hunda keessatti jaalatu maali?**

D255: Danboobu ykn Faalkaa toluu ykn Tafaa'ula toluu.

**G256: Osoo Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Madiinatti hin godaanin dura gosoonni Madiinaa qubatan eennu fa'a?**

D256: Gosa Owsii, Kazrajii fi Yahuudaadha.

**G257: Osoo wahyiin itti hin bu'in dura Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) manaaba qofaan hammam turan?**

D257: Ji'a jaha (6).

**G258: Kan intala Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Fuudhe keessaa kan dhuma (booddarra) islaamawe eenyu?**

D258: Abuul Aas ilma Rabii'a.

**G259: Namni Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) itti dhaadate yoo Rabbiin ﷻ jedhe si ajjeesa jedhen eennu?**

D259: Ubayyi ilma Kalaf.

**G260: Ormi Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) orma qalbii laafutu; Madiinaa dhufuuf deema jedhe eennu?**

D260: Orma Yaman (Kan qalbiin laafuun beekkamu).

**G261: Sahabtichi beekkumsaan ogeessa ta'e halkan kana isinitti dhufuuf deema Kan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) jedheen eennu?**

D261: Amri ilma Aasiiti.

**G262: Namni Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) maati isaa irra natti aante duuta jedheen eennu?**

D262: Faaxumaa intala isaati.

**G263: Sahaabdichi Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) "angoo siif kennamte munaafiqni sirraa fudhachuu barbaadaa Hinkennin" jedheen eennu?**

D263: Usmaan ilma Affaan.

**G264: Sahaabdichi Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kophaa kee demta kophaa kee duuta, kophaa kee kafamta, jedhanin eenyu?**

D264: Abuzarril Gifaar.

**G265: Hanga jama'aan lama gugurdoon walloltutti qiyaaman hin dhabbattuu jedhan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) lolli sun kami?**

D265: Lola saffiina, Kan Hijrarraa ganna sodomii torba (37) ta'e kan muslimtoonni kuma torbaatam keessatti du'an.





**G266: Sahaabtichi Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) warra daangaa Rabbii dabretu si ajjeesa jedheen eennu?**

D266: Ammaar ilma Yaasir.

**G267: Magaalan boodarra ona taati jedhan tami?**

D267: Madiinatul Munawwaraadha.

**G268: Duulli Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) bakka ummatni gurguddaan qureeyshii takka takkaan itti dhumuuf deeman keessati hime duula kami?**

D268: Duula Badriiti.

**G269: Duula kam keessatti Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) "amma booda nutti hin duulan, nutuu itti duula malee jedhan"?**

D269: Duula Kandaq (Ahzaab) kessatti.

**G270: "Kallattii bahaatiin isinitti dhufuuf deeman, ormi tokko irra caalaa ormaa kan tahe", kan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) jedhee orma kami?**

D270: Keessumma Abdul Qeeysiiti.

**G271: Eennu namni Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) "farfamaa taatee jiraachuu, shahiidee taatee du'uu hin feetu" jedheen?**

D271: Saabit ilma Qeeysi Kan farfamaa ta'e jiraate, kan shahidee ta'e du'e gaafa lola Yemaamaa.

**G272: Of dura cabsuuf jirtan Dachii ishee keessatti Qiraaxni dubbatamu tan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) jedhan tami?**

D272: Biyyaa Masrii ti, hijrarraa ganna digdammaffaatti (20) qabatan.

**G273: Sahaabtichii Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) balaa sitti buutu waliin jannataan gammadi jedhanin kami?**

D273: Usmaan ilma Affaan.

**G274: Sahaabtichi Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) boodni wanni atii addunyaa irraa dhugduu aannani jedhaniin kami?**

D274: Ammaar ilma Yaasir, Aannan san dhugnaan ima ajjeefame.

**G275: "Ilmi kiyya Kun sayyiida. Rabbiin isaan araarsu heda jiddu tuuta lamaan muslimtootaa tan waldhabde", namni Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) jedheen eennu?**



D275: Hasani ilma Aliyyiti.

**G276: Abaabuun Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Kan irratti walii galame kami?**

D276: Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ilma Abdallaahi ilma Abdul Muxalibii ilma Haashiim ilma Abdulmanaaf ilma Qussiyyi ilma Kilaabi ilma Murra ilma Ka'abi ilma Lu'ayyi ilma Gaalibii ilma Fihirii ilma Maalikii ilma Nadrii ilma Kinaanaa ilma Kuzeeymaa ilma Madrakaa ilma Iliyaasi ilma Mudarii ilma Nazaar ilma Ma'adii ilma Adnaan.

**G277: Maqaan kabajaa kan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eennu?**

D277: Abul Qaasim.

**G278: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) yoom dhalate?**

D278: Dhaloota Iissaa irraa waggaa dhibbaa shaniif torbatamii tokko (571).

**G279: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eessatti dhalate?**

D279: Biyyaa Makkaa Haramfama (gaara) Banii Haashim kessatti dhalate.

**G280: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) obbolewwan meeqa qaba?**

D280: Obboleewwan hin qabu.

**G281: Maqaan haadha Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eennu?**

D281: Aaminaa intala Wahaab ilma Abdimanaaf ilma Zahraa intala Sa'iid Banii Zuhraa.

**G282: Maali dalagaan Abbaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam)?**

D282: Daldalaadha.

**G283: Abbaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eessatti du'e?**

D283: Ganda Naabigaa magaalaa Madiinaa keessatti.

**G284: Qabeenyi Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Abbaarra dhaale maali?**

D284: Gaala shaniif Re'oota dhaalan. Akkasumas gabrittii warra Habashaa tan Barakaa (Ummu Eyman) jedhamtu.

**G285: Gostti Qureeyshii akaakayyoota Nabii Muhammad keessaa eennun waamamti?**

D285: Akaakayyuu isaa Fihiir ilma Maalik kan maqaan isaa kan qoosaa Qureeysh ta'e.

**G286: Abdulmuxxaliib maqaan isaa maaf sheeybaa jedhame?**



D286: Waan gaafa dhalatu rifeensi isaa arrii qabuufi.

**G287: Maqaan qoosaa kan ummanni Qureeysh Abdulmuxxalibiif moggaafte eennu?**

D287: Fayyaad ykn Dhangala'aa sababnis waan arjjummaa guddaa qabuuf.

**G288: Akkayoon Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) haati abbaa isaa maqaan ishee eenyu?**

D288: Faaxumaa intala Amrii ilma Aa'iz ilma Imraan ilma Makzuum ilma yaqzaa ilma Murra.

**G289: Eennu namni Rasuulaaf (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Maqaa Muhaammad jedhamu baaseef?**

D289: Akakayyuu isaa Abdulmuxxaliib.

**G290: Dubartoonni Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Hoosifte eennu fa'aa?**

D290: Aayyoo isaa, Suuweybaa gabrittii Abbaa Lahaabi, Haliimatu Sa'adiyyaa.

**G291: Dessiftuun Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tami?**

D291: Shafa'aa Haadha Abdulrahmaan ilma Oowfii tantaate.

**G292: Gaafa Abbaan du'u Umriin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Meeqa?**

D292: Garaa Haadhaa jira.

**G293: Haati Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eessatti duute?**

D293: Gidduu Makkaa fi Madiinaa bakka Abwaa'a jedhamtu.

**G294: Akaakayyun Rasuulaa Haashim ilmi Abdimanaaf essatti du'e?**

D294: Gazza, biyya Falasxiinitti du'e.

**G295: Hojiin Ambiyoonni martti dalaguudhaan keessatti walfakkaatan maali?**

D295: Re'oota tiksuudha.

**G296: Maqaan qoosaa kan warri Makkaa osoo Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) hin ergamin baasaniif maali?**

D296: Saadiqul Amiin (Amanamaa jechuudha).

**G297: Eennu Abbeeraan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kan gaafa da'imummaa bade yoo Rabbiin isa naa galche ani ka'abaa uffisa jettee haati waadaa seente?**

D297: Abbaas ilma Muxxalib, Aayyoon isaalle Natiilaa intala Janaab.

**G298: Isiin tun haadha tiyya erga haadha tiyyaatii tan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) jedhe tami?**





D298: Barakatul Habashiyya /Ummu Eyman/.

**G299: Osoo hin ergamin dura Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eessattti Rabbii gabbaraa ture?**

D299: Gaara Hiraa'itti.

**G300: Kadiijaan ganna meeqa Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) waliin jiraatte?**

D300: Ganna digdamii jaha (26).

**G301: Abbeeronni Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eenyu fa'a?**

D301: Haaris, Zubeeyri, Qusam, Hajal, Diraar, Maquum, Geydaaq, Abdulka'abaa, Abdul'uzzaa ykn Abuulahab, Abbaas, Abuuxaalib, Hamzaa.

**G302: Adaadawwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eenyu fa'a?**

D302: Safiyyaa, Aatikaa, Arwaa, Umeeymaa, Barra, Ummu Hakiim (Beeydaa'i) fa'a.

**G303: Eessumman Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eenyu fa'a?**

D303: Aswad, Abdiyaguus fi Amiir fa'a.

**G304: Haboowwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eenyu fa'a?**

D304: Fariisaa fi Faakita fa'a.

**G305: Abbeerawwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessaa nama meeqatu islaamummaa dhaqqabe?**

D305: Nama afur isaanis; Abuuxaalib fi Abulahaab kufrummaa irratti du'an. Abbasiifi Hamzaan immoo islaamummarratti du'an.

**G306: Eessummani fi Haboowwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) irraa kan islaamummaa dhaqqaban eenyu fa'a?**

D306: Tokkoyyuu hin dhaqqabnee.

**G307: Godni Hiraa'i kan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Rabbiin keessatti gabbaraa turan eessatti argama?**

D307: Biyyaa Makkaatti argama. Makkarra miilii lama (2) fagaata. Dheerinni isaa dhundhuma afur.

**G308: Abbeerota Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessaa irraa guddaan (hangafni) eenyu?**

D308: Haaris ilma Abdulmuxxalib.

**G309: Abbeeran Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Xiqqaan (quxisuun) eenyu?**




D309: Hamzaadha.

**G310: Abbeerota Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessaa kan isaan diinaa eenyu?**

D310: Abulahab.

**G311: Abbeeraan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) hanga inni lubbuun jiru homuu nan tuqnee jedhe eennu?**

D311: Abuxaalib ilma Abdulmuxxalib.

**G312: Maqaan qoosaa kan Hamzaa eenyu?**

D312: Asadullaahi.

**G313: Maqaan kabajaa Abbaasi ilma Abdulmuxxalib eenyu?**

D313: Abulfadli jedhama.

**G314: Jaarsi Zeeynabaa intala Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eenyu?**

D314: Abul Aasi ilma Rabii'a.

**G315: Jaarsi ijoollee Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) lamaan Ruqiyyaafii Ummu Kulsuum eenyu?**

D315: Usmaan ilma Affaan.

**G316: Gaafa Haati isaa duutu Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) umriin isaa meeqa?**

D316: Ganna jaha (6).

**G317: Obboleeyyan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Kan hoosisaa eenyu fa'a?**

D317: Kan Suweybaan hoosifte sadi (3). Isaanis:-

- Hamzaa
- Abusalamaa ilma Abdul Asad
- Ilma Ishee Masruuhi

Kan Haliimaan hoosiste immoo afur (4)

- Abdallaah ilma Haaris
- Abuu Suufiyaan ilma Haaris
- Kuzaama ykn Sheeymaa
- Aniisaa intala Haaris

**G318: Gaafa akakayyuun isaa du'u Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Umri meeqa?**

D318: Ganna saddeet (8).

**G319: Intalli Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan irraa xiqqoo tami?**

D319: Faaxumaa.

**G320: Zeynabaan intalli Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) yoom duute?**

D320: Hijraa irraa ganna saddeettaffaa (8).




**G321: Ijoollee Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessaa tan hangafaa tami?**

D321: Zeynabaadha.

**G322: Mucaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kami kan inni jalaa duunaan hoosiftuun isaa jannata keessa jirti jedhe Rasuulli?**

D322: Ibraahim.

**G323: Maqaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Shan himi?**

D323: 1. Muhaammad

2. Ahmad
3. Almaahii:- jechuun kan Rabbiin kaafira ittiin haqu Jechuudha.
4. Alhaashiir:- jechuun kan namni faana isaa irraatti kaafamu jechuudha (kan namni jala deemu).
5. Al-aaqib:- jechuun ka nabiyyiin isa booda hin jirree jechuudha.

**G324: Chaappaan (mallattoon) nabiyyummaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) maali?**

D324: Kutaa foonii ta achi baatuu taate jihaa ceekuu bitaattiin.

**G325: Ijoolleen Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) meeqa?**

D325: Torba (7): Sadi Dhiira, afur immoo Dubartoota.

**G326: Niitiin Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) hanga isheen duututti irratti hin fuudhin tami?**

D326: Kadiijaa dha.

**G327: Niitiin Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) lammaffaarratti fuudhe eennu?**

D327: Soowdaa intala Zam'aa ti.

**G328: Niitiiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Keessaa isheen Dubraa ykn tan isa dura nama birootti hin heerumin tami?**

D328: Aa'ishaa intala Abbaa Bakrii ti.

**G329: Ijoollee ykn ilmaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tarreessi?**

D329: 1. Qaasim; Kan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ittiin waamamu, ijoollummaan Makkatti du'e.
2. Zeeynabaan; hangafa ijoollee Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan taate, hijraa irraa ganna sadeetitti (8) duute.
3. Ruqiyyaan; niitii Usmaan ilma Affaan tan taate, akkasumas tan isa wajjiin gara Habashaattii Hijraa baate, gaafa Duula Badrii duute.
4. Ummu kulsuum; erga Ruqiyyaan duute niitii Usmaan tan taate hijraa irra ganna sagalitti (9) duute.




5. Faaxumaa; jaartii Aliyyii tan turte eega Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) du'e booda ji'a jahatti (6) duute.
6. Abdallaahi; maqaan isaa kan qoosaa Xaahirii fi Xayyib kan ta'e ijoollummaan Makkatti du'e.
7. Ibraahim; ijoollummaan Madiinatti du'e. Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ijoollee jaha kadiijaa irraa argatan, Ibraahimiin malee. Ibraahimiin Maariyatul Qibxiyyaa irraa argatan.

**G330: Mana Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Makkaa fi Madiinatti keessa qubatan tarreessi?**

D330: 1. Mana Abbaa isaanii - Makkatti.
2. Mana Haliimatul Sa'adiyyaa - Makkaa fii Xaa'if gidduutti kan argamu.
3. Mana Akaakayyuu isaa Abdulmuxxalib - Makkaatti.
4. Mana Abbeeraa isaa Abiixaalib - Makkaatti.
5. Mana Kadiijaa - dhihoo Makkaatti.
6. Mana Abii Ayyuubal Ansaarii - Hijraa booda Madiinatti.
7. Mana Isaatiifi Niitiiwwan isaati.

**G331: Intalli warra Haashim tan gosa isheetitti heerumte tami?**

D331: Faaxumaa intala Asad Haadha Aliyyii ilma Abuuxaalibiiti.

**G332: Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) dura Kadiijaan eenyu fa'atti heerumte?**

D332:
- Abu Haala kan gosti isaa Tamiim ta'e.
- Atiiq kan gosti isaa Makzuumin ta'e.

**G333: Huseen ilmi Aliyyii yoom dhalate?**

D333: Baatii Sha'abaana Hijraa irraa ganna afraffaatti (4).

**G334: Hangafni ijoollee Aliyyii eenyu?**

D334: Hasan.

**G335: Intalli Aanaa kabajaa qaburraa dhalatte tami?**

D335: Faaxumaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan jaarsi ishee Aliyyi, Haadha ijoollee laman shababban jannataati.

**G336: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) gaafa Kadiijaan duutu Umrii meeqa?**

D336: Ganna shantami tokko (51).

**G337: Ijoolleen Abuxaalib eenyu fa'a?**

D337: Aliyyii, Jaafar, Aqiil, fi Ummu Haanii.

**G338: Namni kophee, Suwaaka fi Boraatii Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kurfessuf eenyu?**

D338: Abdallaah ilma Mas'uud.




**G339: Duulli Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessatti ajjeefne jedhanii soba facaasan kami?**

D339: Uhuudii.

**G340: Sahaabdichi Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ati Aayyoofi Abboon furamaadha jedheen kami?**

D340: Sa'aad ilma Abbaa Waqqaas.

**G341: Eenyu isheen Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) uffata (qamisa) ofiitin kafanee awwaale?**

D341: Faaxumaa intala Asad.

**G342: Rasuulli Sallallaahu aleyhi wa sallam) baati Ramadaanaa meeqa soome?**

D342: Sagal (9).

**G343: Namni dura seenaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) barreesse eenyu?**

D343: Urwaa ilma Zubeeyriti.

**G344: Adaadaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessaa walaleessituun tami?**

D344: Arwaa intala Abdulmuxxalib.

**G345: Adaadaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan yahuudaa ajjeefte tami?**

D345: Safiyyaa intala Abdulmuxxalib.

**G346: Duulli Rasulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) waraana erganii ofii biraa hafan meeqa?**

D346: Duula afurtamii torba (47).

**G347: Umriin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) gaafa lola Harbul fijaar (Cubbuu) meeqa?**

D347: Ganna kudha Shan (15).

**G348: Qiblaan yoom Beeytal Maqdas (Al-Aqsaa) irraa jijjiiramte?**

D348: Baatii Sha'abaanaa Hijraarraa ganna lammaffatti (2).

**G349: Hijraan duraa; Tan gara Habashaa yoom argamte?**

D349: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ergamee baatii Rajabaa gaanna shanaffatti

**G350: Wantotni Shan kan Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) qofaaf kenname kan Nabiyyoota biraatif hin kennamin maali?**

D350: Sodaa kenname (kaafirri lafa ji'a (baati) tokko deemsisu irraa isa sodaata.

- Dachiin Hundi Xahaara isaaf tahuu.
- Boojuun Haalala isaaf ta'uu.
- Manguddummaan (Shafa'aan) guddoon isaaf ta'uu.
- Nama cufatti (hundatti) ergamuu fa'a.



**G351: Barri keessummaadhaa; kan gosoonni arabaa Madiinaa dhufanii islaamawan bara kami?**

D351: Hijraa irraa ganna saglaffaadha (9).

**G352: Gandi Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessatti Sahaabota ofii walitti qaban eessa?**

D352: Ganda Arqam ilma Abbaa Arqam.

**G353: Niitiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tarreessi?**

D353: Kadiijaa hintala kuweeylid, Sowdaa intala Zam'aa, Hafsaa hintala Umar, Aa'ishaa intala Abbaa Bakrii, Zeeynabaa intala Kuzeeymaa, Zeeynabaa intala Jahshii, Ummu Salamaa Hindii Intala Abbaa Umayyaa, Juweeyriyyaa intala Haaris, Safiyyaa hintala Huyeyyi binu Akxab, Ummu Habiibaa (Ramlaa) intala Abbaa Sufiyaan, Meeymunaa hintala Haaris.

**G354: Niitiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) gabra irra tantaate tarressi?**

D354: Maariyatul Qibxiyyaa fi Rihaanaa intala Zeeyditi.

**G355: Guddiftuuwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tarreessi?**

D355: Aaminaa intala Wahaab, Suweeybaa gabrittii Abbaa Lahabi, Halimatu Sa'adiyyaa, Sheymaa'a obboletti isaa tan hoosisaa, Ummu Eyman Barakatul Habashaa tan jedhamtu.

**G356: Hamzaan yoom islaamaye?**

D356: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ergamee ganna jahatti (6).

**G357: Osoo Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) itti hin godaanin dura Maqaan Madiinaa maal jedhamti?**

D357: Yasrib.

**G358: Duulli Badrii yoom argamte?**

D358: Guyyaa Jum'aa, Baatii Ramadaanaa guyyaa kudha torbaffaa (17) Hijraarraa Ganna lammaffatti (2).

**G359: Lakkofsi Muslimtootaa fi Mushriktootaa Duula Badrii kessatti hagam?**

D359: Muslimtoonni 313, Mushriktoonni 950.

**G360: Dachiin Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) dachii Dhugaati jedhan tami?**

D360: Dachii Habashaati.

**G361: Namni Haalaa fi Uumattillee Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fakkaatu eenyu?**

D361: Ja'far ilma Abbaa Xaalib.

**G362: Galmee Murtii miidhaa of keessaa qabdu eenyuttuu banii Haashim irratti katabe?**



D362: Bagiid ilma Aamrii ilma Haashim.

**G363: Namni Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) du'ayii itti kadhatanii Harki luqqifamte kami?**

D363: Bagiid ilma Amrii ilma Haashim.

**G364: Ayyoo Mu'umintootaa keessaa irra beeytun tami?**

D364: Aa'ishaadha.

**G365: Soomni muslimtoota irratti yoom dirqama taate?**

D365: Baatii Ramadaanaa Hijraa irraa ganna lamatti (2).

**G366: Turjumaanni (Afaan hiikaan) Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eenyu?**

D366: Zeeydi ilma Saabit kan Gosaan Ansaara ta'e.

**G367: Duulli Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) duulan meeqa?**

D367: Duula digdamii torba (27).

**G368: Namni Duula Badritti ajjeefame AbuJahal moo Abu Lahaab?**

D368: Abu Jahal.

**G369: Namni gaafa Bey'atu Reduwaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) beelamma godhe meeqa?**

D369: Nama kuma tokkof dhibba afur (1400).

**G370: Maali araarri Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Qureeyshin waliin godhe?**

D370: Sulhii Hudeybiyyaa (araara hudeybiyyati).

**G371: Qureeyshin nama Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fi Abu Bakriin jiraa yookin du'aa qabee fideef gaala meeqa qopheessiteef?**

D371: Gaala dhibba. (100).

**G372: Duulli Keeybari bara kam argamte?**

D372: Hijraa irraa ganna torbatti (7).

**G373: Masjiinni Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) jalqaba Madiinatti ijaarame isa kami?**

D373: Masjida Qubaa'i.

**G374: Hijraan Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) guyyaa meeqa itti fudhate?**

D374: Guyyaa saddet (8).

**G375: Eennu namni Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ari'e maqaa isaa ari'amaa Rasuulaa jedhame qoseffamef?**

D375: Ikrimaa ilma Abbaa Jahli.

**G376: Irra hedduu sahaabaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kan hadiisa odeessan tarreessi?**



D376:
1. Abu Hureeyraa - Hadiisa 5374.
2. Abdallaa ilma Amrii - Hadiisa 2630.
3. Anas ilma Maalik- Hadiisa 2286.
4. Aa'isha intala Abbaa Bakrii - Hadiisa 2210.
5. Abdallaa ilma Abbaas - Hadiisa 1660.
6. Jaabirii ilma Abdallaah - Hadiisa 1540.
7. Abuu Sa'iid Kudriyyii - Hadiisa 1170.
8. Jara kanaa ol; kumaan kan odeesse hin jiru.

**G377: Namni shanan kan Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fakkaatan eenyu fa'a?**

D377:
1. Ja'far ilma Abii Xaalib - ilma adeeraa Rasuulaati.
2. Abu Suufiyaan ilma Haaris - obboleessa hoosisaa fi ilma adeeraati.
3. Qusam ilma Abbaas- ilma adeeraati.
4. Saa'ib ilma Ubeeyd ilma Abdimanaaf Akaakayyuu Imaamu shaafii'I kan ta'e.
5. Hasan ilma Aliyyii - kan Faaxumaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) deette (Kan akkaan Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fakkaatu isa kana.

**G378: Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) gosa tamiin waamama?**

D378: Qureeyshii.

**G379: Walaleessaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eenyu?**

D379:
- Hassaan ilma Saabit.
- Abdallaa ilma Rawaahaa.
- Ka'ab ilma Maaliki.

**G380: Eenyu amanamaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Dubartii isaani irratti?**

D380: Abdurrahmaan ilma Oowfii.

**G381: Eenyu gargaaraan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam)?**

D381: Zubeeyri ilma Awwaam.

**G382: Eenyu amanamaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) qallaba isaa irratti?**

D382: Bilaal ilma Rabaah.

**G383: Gaafa ka'abaa ijaaran Umriin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) meeqa?**

D383: Ganna soddomi shan (35)

**G384: Ganda Abdallah Binu Jud'aan kessatti; murtiin muratan tan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ummata qureeyshi waliin ta'e maali?**

D384: Hilful Fuduul ykn walii galtee sadarkaa qabu.

**G385: Abbeeraa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) irraa eenyu namni boodarra islaamummaa seene?**




D385: Abbaas ilma Abdulmuxxalib.

**G386: Eenyu durri nama Hulaa jannataa dhadhahu?**

D386: Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam).

**G387: Duulli Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Yahuudaa Madiinaa keessaa ittiin qulqulleesse tami?**

D387: Duula Banii Qeeynuqaa'ati.

**G388: Ijoolleen Faaxumaa hintala Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) meeqa?**

D388: Afur isaanis

1. Hasan
2. Huseen
3. Zeeynabaa
4. Ummu Kulsuumi.

**G389: Eenyu amanamaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) chaappaa isaa irratti?**

D389: Ma'iiqiib.

**G390: Ergamaan Rabbii yeroo meeqa Umraa godhe?**

D390: Yeroo afur;-

1. Umratul Hudeeybiyyaa - Hijraarraa ganna jahaffaa (6).
2. Umratul qadaa'a - Hijrarraa ganna torbaffaa (7).

3. Umratul ji'iraanata - Hijraa irraa ganna saglaffaa (9).
4. Umraa hajjiin walitti qabe - Hijraa irraa ganna (10) kurnaffaa.

**G391: Niitii Rasuulii (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Booddara Fuudhe eennu?**

D391: Meymuunaa intala Haaris.

**G392: Maqaan gaala Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eenyu?**

D392: Qaswaa'a.

**G393: Eenyu saahibni Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) waliin deemaa ture gaafa hijraadha?**

D393: Abuubakri Siddiiq.

**G394: Niitiiwwan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) keessaa Ummul Masaakiin ykn Haadha miskiinaa tan jedhamtu eennu?**

D394: Zeeynabaa hintala Kuzeeymaati.

**G395: Eenyu booji'amtuudhan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam)?**

D395: Maariyatul'qibxiyyaa fi Rihaanatu Bitu Zeeyd.

**G396: Salaanni dhumaa tan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) salaate tami?**

D396: Salaata fajrii ykn salaata subiiti.





**G397: Maali booddeen wanni Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) dhaamatee du'e?**

D397: Salaata jabeessaa jechuu fi waan harki keessaan handhuurfatte ykn dubartoota tessan jabeessaa jechuu dhaamatan.

**G398: Mu'jizaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) irraa shan himi?**

D398:
1. Qur'aanul kariim.
2. Al-israa'u wal-mi'raaju (samii ol bahuu)
3. Inshiqaaqul qamari (jiini bakka lamatti dhooyuu) dha.
4. Nab'ul maa'i minbeeyni Asaabi'iin (bishaan jidduu qub isaatiin ba'uu ykn yaa'uudha).
5. Tasbiihul Hasaa fiiyadihii (Sallallaahu aleyhi wa sallam) (Cirrachi harka isaa keessatti Rabbiin qulqulleessudha.

**G399: Durri bakki Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) itti nama waame Makkaan alatti eessa?**

D399: Xaa'if.

**G400: Eenyu irra jaalatamaan dhiirarra gama Rasuulaatitti?**

D400: Abuubakri Siddiiqii fi Zeeydii ilma Haaris.

**G401: Niitiin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) tan boodarra duute eenyu?**

D401: Ummu Salamaadha.

**G402: Niitiin Raasuulaa, Rasuulatti (Sallallaahu aleyhi wa sallam) aantee duute eennu?**

D402: Zeeynabaa hintala Jahshii.

**G403: Niitiiwwan Nabi Muhaammad keessaa kan osoo isaan lubbuun jiran du'an eenyu fa'a?**

D403: Kadiijaa hintala Kuweeylidi fi Zeeynabaa hintala Kuzeeymaa ti.

**G404: Intala Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Keessaa gama isaatti jaalatamtuun eenyu?**

D404: Faaximaa dha.

**G405: Waa shan kan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kophaa ykn adda ittiin ta'an Ummata isaa irraa tarreessi?**

D405: 1. Dubartii afurii (4) ol fuudhuun isaaniif Halaala ta'uu.
2. Niitiiwwan inni irraa du'e fuudhuun Haraama ta'uu.
3. Horiiwwan sadaqaa nyaachuun isa irratti Haraama ta'uu.
4. Qabeenyi ykn horiin isaan irraa du'an dhaalamuu dhabuu.
5. Bakkuma ykn Manuma keessatti du'anitti awwaalamuudha.



**G406: Kitaabilee Seenaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) dubbatan keessaa kan zamana ykn yeroo amma Keessa barreeffaman shan tareessi?**

D406: 1. Fiqhu Siiraa. - kan Sheek Muhaammad Gazaaliin barreesse.
2. Fiqhu Siiraa. - kan Buuxiin barreesse.
3. Nuurul Yaqiin. - kan Muhaammad Kudriin barreesse.
4. Rahiiqul Maktuum. - kan Mubaarak Fuuriin barreesse.
5. Kaatamu Nabiyyiin (Sallallaahu aleyhi wa sallam) - kan Muhaammad Abuu Zahraan barreesse.

**G407: Niitiin erga Nabi Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) gadi dhiise, Rabbiin waan Soomaa fi Salaata Baayyiftuuf Niitii te tan Jannataatii deebifadhuu jedheen eennu?**

D407: Hafsaa intala Umar.

**G408: Hijraa Nabi Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) irraa ganni duraa maal jedhamtee moggaafamte?**

D408: Ganna godaansi ykn Hijraan itti hayyamamte jedhamti.

**G409: Mu'azzinni ykn lallabaan beekkamaan Nabi Muhammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eenyu?**

D409: Bilaal ilma Rabahaa ti.

**G410: Durri duula Nabi Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kami?**

D410: Duula Bawaax.

**G411: Hijraa irraa ganni saddetaffaan (8) maaliif Fathii jedhamtee moggaafamte?**

D411: Waan Mu'umintoonni isii keessa Makkaa cabsanii qabataniif.

**G412: Lakkoofsi Mu'umintootaa kan Nabi Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) wajjiin hajjii dhaammannaa dhufanii meeqa?**

D412: Mu'umintootaa kuma dhibba tokko (100,000).

**G413: Waraanni Muslimtootaa yeroo duraatiif osoo Nabi Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) jiru Ruumiin wal lole kami?**

D413: Waraana Duula Mu'taati.

**G414: Aqiil ilma Abbaa Xaalib yoom islaamawe?**

D414: Hijraa irraa ganna saddeettffaa (8) gaafa fathii Makkaa.

**G415: Nabi Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) yoom du'e?**

D415: Yeroo Duhaa, guyyaa Wiixataa 12, Baatii Rabii'ul Awwal, Hijraa irraa ganna 11ffaa tti akka lakkofsa Faranjiitti Waxabajjii guyyaa saddetaffa bara 632tti.




**G416: Nabi Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) yoom awwaalame?**

D416: Guyyaa Kibxataa 13 tti, Baatii Rabii'ul awwal, Hijraa irraa ganna 11 ffaa tti.

**G417: Nabi Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eessatti du'e? Akkasumaas eessatti awwaalame?**

D417: Mana Aa'ishaatti du'e, Manuma Aa'ishaatti awwaalame.

**G418: Gaafa du'uu Umriin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) meeqa?**

D418: Ganna jahatamii sadi (63) fi guyyaa afur akka lakkofsa hijraat.,Ganna jahatamii tokkofi (61) guyyaa saddetamii afur dhaloota Nabbi Iisaatiraa (A.S)

**G419: Eenyu namoonni Janaaza Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) dhiquuf dhabbatan?**

D419: 1.Abbaas ilma Abdul Muxxalib.

2. Aliyyii ilma Abixaalib.
3. Fadli fi Qusam ilmaan Abbaas.
4. Shaqraan, bilisoomfamaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) kan ta'e.
5. Usaamaa ilma Zeeydii.
6. Owsii ilma koowlaa.

Qooda dalagaa isaanii.

- Abbaas, Fadlii fi Qusam oliifii gadi gara gaggalchan
- Osaamaa fi Shaqraan bishaan itti buusan.
- Aliyyi ni dhiqa.
- Awsi ofitti irkisee taa'aan.

**G420: Akkaataa uffata awwaalchaa kan yeroo Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) du'an ibsi?**

D420: • Uffata sadi adaadii tan taateen (mammarame) kafaname.

- Uffatni sun biyya Suhuuliyyaa irraa tan taate kan jibrii irraa dhayamtee.
- Uffata san keessa qamisaafi amaamaanilleen hin jiru.

**G421: Akkamitti salaatan Muslimoonni janaazaa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) irratti?**

D421: Manuma Aa'ishaa keessatti jama'aa jama'aan nama kudhan kudhaniin irratti salaatan, imaama malee salaatan.

Durri nama irratti salaatee tartiibaan.

1. Warra isaa.
2. Gosa isaa.
3. Muhaajirtoota.
4. Ansaarota.
5. Dubartoota.
6. Ijoollee.




**G422: Maali dalagaan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) hanga guyyaa borumtaa gaafa du'uuf deemuutitti?**

D422: Gabra lama bilisoomse, ni sadaqate dinaara torba tan isa biratti taate, meeshaa isaa ummata muslimtootaatiif ni kenne.

**G423: Booddeen waranaa kan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) osoo lubbuun jiru erge kami?**

D423: Waraana Usaamaa ilma Zeeydii kan gama Ruumii ergame.

**G424: Hintalli Yahuudaa tan Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) summii nyaachiftee ajjeesuu barbaadde tami?**

D424: Zeeynabaa hintala Haarisi.

**G425: Tami niitiin Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam), tan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ati intala Nabiyyiiti Adeerri keellee Nabiyyii, ammallee Nabiyyii jala jirta. Maaliin sirratti of dhaaddi Hafsaan jedheen eenyu?**

D425: Safiyyaa intala Huyayyiiti.

**G426: Abbeeraa Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) irraa kan du'a Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) dhufe eenyu?**

D426: Abbaas ilma Abdulmuxxalib.

**G427: Mu'aazzinni Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) eenyu fa'a?**

D427: Madiinatti -Bilaal ilma Rabaahaa fi Abdallaa ilma Maktuun. Makkatti –Abuu Mahzuurata (Oowsii ilma Mukiiraa) fi Sa'aadul Qurzii.

**G428: Maqaan goda Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fi Abuu Bakri gaafa hijraa keessatti dhokatani mali jedhama?**

D428: Goda Sowrii jedhama.

**G429: Eenyu fa'a nbiyoonni Nabi Muhaammad (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Samiiwwaan keessatti arge, gaafa Samii ol bahe?**

D429:
1. Nabiyyanaa Aadam (AS) Samii duraa (duniyaa) keessatti.
2. Nabiyyanaa Yahyaa fi Iisa (AS) Samii lammaffaa keessatti.
3. Nabiyyanaa Yuusuf (AS) Samii sadaffaa keessatti.
4. Nabiyyanaa Idriis (AS) Samii afraffaa kessatti.
5. Nabiyyanaa Haaruun (AS) Samii shanaffaa keessatti.
6. Nabiyyanaa Muussaa (AS) Samii ja'affaa keessatti.
7. Nabiyyanaa Ibraahim (AS) Samii torbaffaa keessati arge.



**G430: Gosti yahuudaa tan Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Madiinatti arge tam fa'a?**

D430:
- Banii Qeeynuqa'aa.
- Banii Nadiir.
- Banii Qureeyzaa.

**G431: Sahaabtichi Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) obboleessa godhate Madiinatti eenyu?**

D431: Aliyyii ilma Abbaa Xaalib.

**G432: Gurbaan Qureeyshiin Abu Xaalibiin isa kana guddifadhuu, Muhaammadiin (Sallallaahu aleyhi wa sallam) nuuf kenni ni ajjeefnaa jetteen Maqaan isaa eenyu?**

D432: Amaaraa ilma Waliid ilma Mugiiraa.

**G433: Maali bifti Rabbiin (SA) Rasuula (Sallallaahu aleyhi wa sallam) ittiin ibse suuraa Qalam keessatti?**

D433: Atiin kun haala guddaa irratti tahaadha (Wa innaka la'alaa kuluqiin Aziim).

**G434: Sahaabtichii ijji kessaa buute Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) deebisaniif kami?**

D434: Qataadaa ilma Nu'maan.

**G435: Intalli Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) abbaa buddeenaa tahuuf tami?**

D435: Zeeynabaa warra Makzuumiti.

**G436: Chaappan Rasuulaa (Sallallaahu aleyhi wa sallam) Usmaanin harkaa boollo Ariisititti yoom bu'e?**

D436: Hijraarraa ganna soddomatti (30).

**G437: Intalli Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) achumatti Shahiidummaa argatta manuma kee taa'i jedhaniin tami?**

D437: Ummu waraqaa intala Nowfiliti.

**G438: Intalli yahuuda takka tan islaamoftee Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fuudhe tami?**

D438: Safiyyaa intala Huyayyiti.

**G439: Sahaabtichi Rasuulli (Sallallaahu aleyhi wa sallam) fayyaad (arjaa) jedhee moggaase kami?**

D439: Xalahaa ilma Ubeeydullahiti.

**G440: Faaxumaan Xiqqoon tami?**

D440: Faaxumaa intala Hasani ilma Aliyyi, hijrarraa ganna 40tti dhalatte, Faaxumaan guddoon immo tan Rasuulati (Sallallaahu aleyhi wa sallam).



# GOOLABA

Galanni kan Rabbii samiifi dachii uumeeti. Kanatti aansuundhaan obbolleewwaan koo isaan muslimtootaafi kan kitaaba kana dubbisan cufaaf wanti an isin irraa barbaadu (fedhu) akka anaafi Ayyoo, Abboo, shekkolee hiriyyoota (jalalleewaniifi) akkasuma muslimtoota cufaaf araarama Rabbii kadhatan isin irraa fedha.

Kan hindogongorre Rabbii ol ta'e malee waan hinjirreef dogongora kitaaba kana kessatti gama ogbarruu (jechoota, qubeefi malattoletiin yoo argame na hofolchaa.

Yoo Rabbiin yaadaaf muraada koo naaf gute akka kitaaba harayaan walitti deebinu abdii Rabbirraa qaba.

IslamHouse.com

IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/

IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com

GuidetoIslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة

هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧

ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH

P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126